Good Mind Scriptures

Leviticus 24:12 Isaan immoo hamma afaan Waaqayyoo irraa isaanitti beeksifamutti, akka inni eegamu in godhan.

Deuteronomy 18:6 Namni Lewwii mandaroota guutummaa Israa'el keessaa isa tokko keessa jiraatu garaa isaa hundumaan hawwee, ba'ee gara iddoo isa Waaqayyo fo'atu sana yoo dhufe,

Ruut 1:8 Yommus Naa'omiin niitota ilmaan ishee lamaaniin, `Deebi'aa, gara mana mana warra keessanii dhaqaa; akkuma isin warra isin irraa du'eef, anaafis gaarii gootan, Waaqayyo gaarii isiniif haa godhu!

1 Chronicles 28:9 `Yaa Solomoon, yaa ilma ko, Waaqayyo inni ani abbaan kee waaqessu garaa nama hundumaa qoree waan ilaaluuf, wanta yaadni namaa itti hidhamee jiru hundumaas waan hubatuuf, gooftummaa isaa beekiitii garaa guutuudhaan, fedha guutuudhaanis isaaf hojjedhu! Yoo isa barbaaddatte, isa in argatta; yoo ati isa barbaaddachuu dhiifte garuu, innis bara baraan si in gata.

Nahimiiyaan 4:6 Namoonni garaa isaanii guutuu waan hojjetaniif, nuyi dafnee dallicha ijaarree asii olii isaa walakkaa in goone.

Iyoob 23:13 `Yaadni Waaqayyoo kophaa dha, eenyu iyyuu isa geddaruu hin danda'u; inni wanta barbaade in godha.

Fakkeenyonni 29:11 Namni gowwaan, yaada aarii garaa isaatii hundumaa in dubbata, namni ogeessi garuu in obsa, of qabaas in dubbata.

Isaayaas 26:3 Isa garaan isaa cimsee si amanatu, sababii inni sitti of kennatuuf ati nagaa guutuudhaan in eegda;

Maarqoosi 5:15 Yesus bira ga'anii, namicha isa duula hafuura hamaadhaan qabamee ture sana wayyaa uffatee, qalbii isaattis deebi'ee achi taa'ee argan; hundumti isaaniis in sodaatan.

Hujii Ergamtootaa 17:11 Yihudoonni warri kunis warra Tasaloniiqee caalaa, warra yaada gaarii turan; dubbicha fudhachuudhaaf qophaa'anii, waan dubbatame kun dhugaa ta'uu isaa baruudhaaf, guyyuma guyyaatti macaafota qulqulluu in qoru turan.

Hujii Ergamtootaa 20:19 Karaa hundumaan of gad deebisuudhaan, imimmaaniin, qoramsa Yihudoonni anatti malan keessattis gooftaadhaaf hojjechaan ture.

Roomaatti 7:25 Karaa gooftaa keenyaa Yesus Kristos Waaqayyoof galanni haa ta'u! Akka kanatti, ani ofii kootii yaada garaa kootiin, seera Waaqayyoof nan hojjedha; namummaa koo isa fooniitiin garuu seera cubbuuf nan hojjedha.

Roomaatti 8:6 Yaada ofii fedha fooniitti hidhuun du'a in fida; yaada ofii

fedha hafuuraatti hidhuun garuu, jireenya, nagaas in fida.

Roomaatti 8:27 Hafuurichi akka jaalala Waaqayyootti warra isaaf qulqullaa'aniif in kadhata; Waaqayyo inni garaa namaa fonqolchu immoo, yaada hafuurichaa in beeka.

Roomaatti 11:34 Caaffata keessatti iyyuu, `Eenyutu takkaa yaada garaa Waaqayyoo beeka ree? Yookiis eenyutu gorsa kennuufii danda'e ree?

Roomaatti 12:2 Fakkeenya jireenya bara isa darbu kanaa duukaa hin bu'inaa! Jaalalli Waaqayyoo isa kam akka ta'e gargar baasuudhaaf, yaada garaa keessanii haareffachuudhaan of diddiiraa! Jaalalli Waaqayyoo immoo waan gaarii ta'e, waan isa duratti fudhatamaa ta'e, waan akeeka isaa fiixaan baasus hubachuu dha.

Roomaatti 12:16 Waa'ee walii keessaniif yaada tokko qabaadhaa; isin ol of qabuu hin yaadinaa, warra gad deebi'anii wajjin jiraachuu baraa! Nuyi ogeessota ofiin jettanii, ogummaa keessan of duwwaadhaaf hin godhatinaa!

Roomaatti 14:5 Namni guyyaa tokko guyyoota warra kaan irra caalchifatu jira; inni kaan immoo guyyoota hundumaa wal qixeetti ilaala. Kana irratti namni adduma addaan akkuma fudhatetti yaada isaa gar tokkotti haa kutatu!

Roomaatti 15:6 Yaada tokkos qabaattanii, sagalee tokkichaan Waaqayyoon abbaa gooftaa keenyaa Yesus Kristos akka galateeffattaniif isin haa gargaaru!

1 Qorontoosiitti 2:16 Caaffanni qulqullaa'aan, `Eenyutu yaada gooftichaa beeka? Eenyutus isa gorsuu danda'a?' jedha. Nuyi garuu yaada Kristos qabna.

2 Qorontoosiitti 7:7 Dhufa isaa duwwaadhaan miti, jajjabina inni ofii waa'ee keessaniif argateenis jajjabaadheera; Tiitoos ana yaaduu keessan, gadduu keessan, hinaaffaa isin anaaf qabdanis yommuu anatti hime, ani caalaa nan gammade.

2 Qorontoosiitti 8:12 Namni kennuudhaaf qophaa'aa erga ta'ee, wanti inni dhi'eessu sun akka humna isaatti fudhatamaa ta'a malee, humna isaa gararraatti miti.

2 Qorontoosiitti 9:2 Isin gargaarsaaf qophaa'uu keessan nan beeka; qophaa'ummaa keessaniinis ani, `Kristiyaanonni biyya Akaayyaa erga bardheengaddaatii jalqabanii qophaa'aniiru' jedhee waa'ee keessaniif warra biyya Maqedooniyaatti ofan jaja; hinaaffaan keessanis isaan keessaa namoota baay'ee sochooseera.

Efesooniitti 4:23 Hafuura yaada garaa keessanii keessattis haareffamaa!

Filiphisiyuusitti 2:3 Gad of deebisuudhaan warra kaan of irra caalchisaa lakkaa'aa malee, yaada ofittummaatiin yookiis of dhiibuudhaan waan

tokko illee hin hojjetinaa!

Filiphisiyuusitti 4:2 Obboleettonni keenya Ewodiyaa fi Sinxiikeen maqaa gooftaatiin yaada tokkotti akka waliif galaniif lachuu isaanii nan gorsa.

Filiphisiyuusitti 4:7 Nagaan Waaqayyoo inni hubannaa namaa hundumaa irra caalus, karaa Kristos Yesus garaa keessanii fi yaada keessan in eega.

Qoloosaayisiitti 3:12 Isin warra fo'aman, warra Waaqayyoof qulqullaa'an, warra jaallatamanis erga taatanii, araara garaa keessaa dhufu, gaarummaa, gad of deebisuu, garraamummaa obsas akka uffataatti uffadhaatii keessa jiraadhaa!

2 Tasaloonqeettti 2:2 `Guyyaan gooftaa ammuma iyyuu dhufeera' kan jedhu, wanta Waaqayyo nutti mul'isee himu keessa, dubbiidhaan yookiis caaffataan akka waan nu biraa ba'eetti isa odeeffamuun yaadni keessan dafee hin raafamin, hin naasifaminaas!

2 Ximootewoosiitti 1:7 Waaqayyo hafuura humnaa, kan jaalalaa fi kan of qabuu malee, hafuura ija-laafinaa nuuf hin laanne.

Tiitootti 2:6 Akkasuma immoo dhiironni warri gara ijoollee akka of qaban gorsi!

Ibrootaatti 8:10 Guyyoonni sun yeroo ga'an, kakuu ani mana Israa'eliif kakadhu, "Seera koo yaada isaanii keessa nan kaa'a, garaa isaanii keessattis isa nan caafa; ani isaaniif Waaqayyo nan ta'a, isaanis anaaf saba in ta'u, isa jedhuu dha" jedha gooftichi.

1 Pheexiroosi 1:13 Kanaaf mudhii yaada keessanii jabeeffadhaa, warra of qaban ta'aa, abdii keessan guutummaatti ayyaana isa yeroo Yesus Kristos mul'atutti isiniif dhufu irra kaa'adhaa!

1 Pheexiroosi 5:2 Karra hoolotaa isa Waaqayyo tikaaf isinitti kenne sana, giddiidhaan utuu hin ta'in, jaalalaan, akka Waaqayyo barbaadutti, bu'aa nama yeellaasisu irraa argachuuf utuu hin ta'in, of kennuudhaan egaa!

2 Pheexiroosi 3:1 Michoota ko! Ani amma ergaa lammaffaa isiniif caafuu koo ti; isaan keessatti isin yaadachiisee yaada keessan isa qullaa'aa nan dammaqsa.

Muldhata Yohaannisi 17:9 `Kun sammuu ogummaa qabu in barbaada; mataan torban tulloota torban dubartittiin irra teessuu dha; akkasumas mataan torban mootota torba.

Pastor T. John Franklin
Church of Salvation, Healing, and Deliverance
COS-HAD.org